ADDA BILISUMMAA OROMOO **OROMO LIBERATION FRONT**

Haala Yeroo fi Cehumsa Itophiyaaf Jedhamu Ilaalchisee Ejjeennoo ABO

Guraandhala 14, 2018

Yeroo ammaa, ummatni Oromoo gita bittuu alagaa fi seerasheen hin bullu, walabummaa fi bilisummaa mulqamne ni deebifatna, waamicha idilee jedhu ifatti dabarfatee argama. Qabsoon kunis erga eegale waggoota afuriif osoo walirraa hin citin wal dura duuba deemsifamama akka jiru hubatamaa dha. Yeroon xumurri itti godhama jedhamee eegamus ammaaf mirkanii miti. Kana waliinis wal qabatee, qabsoon Oromoon tokkuummaan adeemsisaa jiru kun mooraa diinaa keesatti sodaa guddaa uumee jira. Diinnis sodaa kana irraa kan ka'een tarkaanfii gaddisiisaa fi dhala nama irratti fudhatamuu hin qabne saba Oromoo irratti fudhachaa jira. Hundi kun ta'uyyuu ummatni Oromoo gaaffii bilisummaa dhugoomsuu cimsee itti fufeera. Haa ta'u malee, yeroo murtaa'ee as, akeeka qabsoo Oromoo irratti ololli adeemsifama akka jiru ni dhaga'ama. Warreen tokko tokko mootummaa cehumsaa jedhanii waamicha yeroo godhan mul'atu. Cehumsi kunis mootummaa Waayyaanee ummata keenya lafarraa haxaawaa turee fi ammas itti jiru akka dabalatu akeeka. Lafa irratti garuu, sochiin Oromoon taasisaa jiruu fi ifatti mul'atu gaaffii abba biyyummaa Oromoo dhugoomsu akka ta'e agarsiisa.

Oromiyaan humnaan booji'amte, humnaanis bulfamaa jirti. Dhugaa asksii jiru irraa ka'uun Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) ijaaramee ummata Oromoo tokkoomsuun walabummaa Oromiyaaf akka falmatu taasise. Haalli amma Oromiyaa keessatti warraqsaa finiinse kunis isuma waggoota afurtammaf ABOn irratti qabsawaa fi qabsoofsisaa jiru waliin tokkuma. Wayaaneen human weerartuu dha. Oromiyaa gadi lakkifitee deemuu qabdi.

Gabaabatti, Wayyaaneen bara 1991 irraa eegaltee ummata Oromoo ajeesaa, hidhaa fi gidiraa agarsiisaa akka jirtu hubatamaa dha. Jaarmoleen Mirga Namoomaa akka baasanitti waggoota sadan darban keessatti Oromoota 4000 (kuma afur) oltu humna ayyisan Wayyaaneen ajjeefaman. Guraandhala 10, bara 2018, Ittisni Waraana Wayyaanee qubsuma Hamaaressaa qubatan irratti dhukaasa banuun Oromoota 11 yeroo ajjeesan, hedduus madeessaniiru. Ji'oota lamaan dura, Muddee 10, 2017 Ittisumti Wayyaanee kun ummata nagaa dhukaasa itti banuun Oromoota 15 galafataniiru. Bifuma kanaan ummata naanoo Waldiyaa jedhamu, bulchiinsa Amaaratti, nagaan ayyaana ayyaneeffatu irratti dhukaasa banuun namoota 7 ajjeesaniiru.

Ajjechaan Hamaareessa irrtti raawwatme qaamuma duguggaa sanyi Oromiyaa mara keessatti deemsifamaa jiruu fi Oromoo milyoona tokkotti tilmaamamu irratti, naannoon mootummaa Somalee ta'e jedhe, qe'ee fi qabeenya qabu irraa akka buqqa'u yakka hojjetameedha. Haalli humnaan buqqisuu kun ji'a Muddee, bara 2017 irraa eegalee itti fufee jira. Duulli akkasii kun kan inni xiyyeefates bahaa fi kibba-bahaa Oromiyaa, naannoo Somaalee Itoophiyaa fi naannoo bulchiinsa Somalee waliin bakka wal daangessu irratti. Yakkii akkasii akka raawwatamus hoggganaa fi tumsa barbachisuu kan Polisii Addaa naannoo Somaleef kennu, hidhachiise ummata Oromoo mesha-maleeyyi irratti bobbasu, qondaaltoota mootumma Wayyaaneen durfamuu dha. Polisii Addaa nannoo Somalee kanas kan leenjsu qondaaltota Wayyaanee ti. Miidhamtootni naannoo Somalee buqqa'an 4800 (kuma afuriif dhibbi sadeet) qubsuma Hamaaressa keessa turan. Bakkuma kanatti dhukaasa Ittisa Wayyaaneen itti banameen lubbu yeroo buqqa'an ammbifatan dhabaniiru.

Yaakka dhala namaa irratti Wayyaaneen yeroo dheeraaf rawwataa jirtu as irratti ibsuun ni cima. Mootummaan wayyaanee mirgaa fi lubbuu dhala namaaf dantaa akka hin qabne yeroo danuu mul'ateera. Akka fakeenyatti, da'ima wagga sagalii harkasaa qaxamursee, bilisummaa fi haqaaf dhaabate dhukaasanii ajjeesaniiru. Akkasumas haadha mucaashee ambifachuuf harka lama ol kaafte kadhatu rasaasaan ajjeesaniiru. Haadha ilmishee jalaa ajjefameef reenfasaa bira teessee boossu, akka reenfasa irra teessuu dirqisisaniiru. Miidha qaamaa fi sammu ishee irraan ga'aniiru. Kun waraannii fi mootummaan Wayyaanee mirga dhala namaaf akka dhimma hin qabne agarsiisa. Mootummaan kun karaa siyaasaas ta'e haamileen ummata bulchuuf madaala hin guutu. Bifa kamiinuu mootummaan Wayyaanee haaromsaaf dhihachuus hin qabu. Oromiyaan mootummaa ajjechaa fi hidhatti amanu akkasi irraa bilisa ta'uu qabdi. Mootummaa cehumsa Wayyaneen dabalate, akkasumas deggarsa humnoota alaa fi kan jaarmayoota siyaasa Oromoo tokko tokko dabalatee, adeemsifamaa jiru kan akeeku, qabsoon wareegama ol aanaan asi ga'e, akka qancaru taasisu bira darbee, ummata Oromoo mootummaa Wayyaanee jilbeenfachise dura dhaabbachuun diinaaf karra saaquu ta'ee argama.

Kanneen haaromsa mootummaa Wayyanee waliin fedhan wanti guddaan dagatan aangoon jiilmaan qabamu isa hirranfachu dha. Wayyaneen furtuu aangoo ta'an kan akka seera-raggaaftuu, murteessituu fi dinagdee dhunfatte jirti. Caasaa fi jaarmayaa mootummaa kam irrattuu to'atnoo guutuu qabdi. Isaanis, ittisa, ayyisa, tika, humna poolisii fi dhimma dantaa alaa yeroo ta'an caasalee kanatti gargaaramuun sadarkaa biyyoolessaatti haalli wal-qixa hin taane akka raawwatamu taasifti. Kana malees, miidiyaa fi tajaajila internet irratti ol'antummaa guddaa qabdi.

Mootummaan kun mortmittota bebbeekamoo tokko tokko caasaa mootummaa Wayyaaneen hoggantu keessa galchuu ni mala. Sun garuu, gaaffii bilisummaa hin dhugoomsu. Haalli bifa akkasiin qindaa'ee kun mootummaan nama nyaataa fi abba hirree ta'e aango irra tursuu qofaaf tumsa. Kana jechuun ummata Oromoo ajjessuun itti fufa jechuu ta'a. Qabeenyaan billiyoonaan lakkawamu humnaan, akkasumas kara seeraan ala karaa ta'een ummata Oromiyaa jalaa saamamee baankii biyya alatti kuufamuun itti haa fufuu jechuu ta'a.

Karaa biraa ammoo, haala haaromsaa kan qindeessuu fi hojiitti hiikuuf yaaluun yakka waagoota digdamii torbaaf (27) ummata Oromoo fi ummatoota biroo Itophiyaa keessa jiran irratti mootummaan Wayyaanee fi miiltooleen isaanii raawwatan tumsuu dha. Jarreen kun akka duuguggaa sanyiif, yakka waraanni raawwateef, akkasumas yaakka namooma irratti rawwataniif hin gaafatamne taasisuu dha. Sirni qabeenya amma jiru, Wayyaaneen hogganamu akka itti fufu ayyamuun, deegarttootaa fi miltooleen isaanii akka deebisanii ummata cuunqurfame humnaan bitan ayyamuu dha. Bitaa deebisanii ofirra kaa'uu dha. Finfinneetti Wayyaanee waliin aangoo hirachuuf fiiguun, isumayyuu mootummaa dhiigaa ummataan laaqamee jiru waliin hojjechuuf murteessuun hiikkaa bilisummaa fi haqaaf ummatni keenya qabaachuu qabu dura dhaabbachuu dha. Bilisummaasaa gufachiisuu ta'a. Lafa irratti qabsoon ummataan deemsifamaa jiru garu kan akeeku sirna Wayyaanee fi caasalee isheen ijaarte hundeera buqqisuu dha.

Wayyaanee fi miiltooleen ishee sirna siyaasaa, dinagdee fi ittisaa amma qabdu itti fufiinsaan to'achu irraa boodatti hin jettu. Kan isaan aangoo fi Finfinnee keesaa haxaa'ee baas'u humna ga'eessa ta'e qofaa dha. Kun akka hin taane, "haaromsa gadfagoo" maqaa jedhuun olola dogoggorsaa fudhatte ummatatti gad baate. Olola kana oofufis miiltoolee fi deggartoota keessaa fi alaan bitattee bobbaftee jirti. Kan nama ajja'ibsiisu jaarmooleen bilisummaa Oromiyaaf falman tokko tokko olola Wayyaaneen bifa dhoksaan deemsiftu kana akka waan bilisummaa dhugaa fi dimookrasii argamsiisuutti fudhachuu isaaniiti. Dimokrasiin hanga Wayyaaneen aangoorraa rukuttaan hin buuneetti hin yaalamu. Hin jirus. Bakka kun hin jirretti qabsoon lammummaa bakka ga'uu hin danda'u. Diimookrasiin yeroo gabaabaa keessatti biyya Itoophiyaa keessatti argamuu hin danda'u. Kana arguuf Wayyaaneen gutummaatti buqqa'uu qabdi. Bilisummaan, haqni, walqixumman, mirgi namommaa fi kan dhuunfaa karaa amma haaromsa mootummaa jedhamee, isumayyuu sirna nama nyaata Wayyaanee dabalatee mirkanaa'uu hin danda'u. Kanaafuu, ABOn sirna haromsaa Wayaanee dabalatee adeemsifamu kana ni balaleefata.

Daandiin qabsoo bilisummaa Oromoo yeroo ammaa deemaa jiru kan tooftaalee adda addaa keessaa ABOn filataman miti. Bilisummaa Oromoo diina mo'achuun dhugoomsuuf falli hundumtu baroota darban keessa yaalaman turan, hin milkoofne male. Har'a qabsoon dhaloota qubeen, Qeerroo jedhamee beekamuu dhiiraa fi dhalaa osoo hin jedhin haala nama boonsuun furguggaa'aa jira. Qabsoon Oromoo sochii Oromiyaa mara keessatti deemsifamu ta'eera. Qabsoo moo'achuuf deemaa jiruu dha. Kana ifatti argaa jirra, wabiis ba'aa jirra. Amma kan nurraa eegamu haala sochii kana bifa hundaan jajabeessuu, bifa dhuunfaa fi walootiin finiinsuun galmaan ga'u dha.

Nuti gama keenyaan ABOn duraan dursa Oromiyaan tartiiba yeroo cheumsaa kan mata ishee qabaachu qabdi jennee waamicha dhiheesina. Waamichi akkasii kun ammoo, yoo xiqqate sagantaa ummata Oromoo wayyaba naannoo siyaasaa fi jaarmayaa hawaasaa keessatti tokkoomsu dha. Nuti duraan dursinee Oromiyaa walii galte arguu feena. Walii galteen akkasii kun buu'uura waloo fi ejjatnoo hawaasa adduunyaa maratti dhi'eeffatnu, balaa Itoophiyaa keessatti nu irratti raawwatamaa jiru ibsu, ammallee balaa nu irratti agamame jirurraa kan nu baraaru ta'uu qaba.

Qabsoon ummatni Oromoo taasisaa jiru mirgi isaa osoo hin sharafamin hiree murteeffanaan ga'uu dha. Akka jaarmayaa bilisummaaf falmuutti kaayyoon kenya inni duraa diina biyya keenya humnaan dhuunfate buqqisuu dha. Inni lammataa, hacuuccaa fi sammicha ummata keenya irratti raawwatamaa turee fi jiru dhaabuu dha. Akeekni keenya Oromiyaa humna gita bittuu jalaa baasuu dha. Akeeka keenya isa duraa erga xurratnee booda hojiin lammaffan ummata Oromoof mootummaa of danda'ee fi birmaduu ta'e ijaaruu dha.

Oromiyaan Ni Bilisoomti!

Adda Bilisummaa Oromoo